



Xiinxala Gaaffilee Qorumsa Xumura Sadarkka Giddugaleessaa Barnoota Afaan Oromoo

Kutaa 8 Bara 2015

Calqabaa Guddataa^{1*}, Taasisaa Kumsaa^{2*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015 kenname xiinxaluudha. Saxaxni qorannoo kanaa ibsaa yoo ta'u, malli qorannicha geggeessuu keessatti hojiirra oole immoo mala qorannoo makaati. Maddi ragaa qorannichaas madda ragaa tokkoffaadha. Malli iddatteessuu dhimma itti ba'ame mala carraa salphaafi akkayyoodha. Mala iddatteessuu carraa salphaatti fayyadamuun kutaalee bulchiisa magaalaa Finfinnee kudha tokko (11) jiran keessaa kutaalee magaalaa lama (Nifaas Silk Laaftoofi Kolfeetu) filatamaniiru. Mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun immoo kutaalee magaalaa lamaan keessaa manneen barnootaa barattoota baay'inaan qaban sadi (3) sadi (3) walitti ja'a (6) ta'antu filatamaniiru. Tooftaan funaansa ragaa qorannoo kanaa immoo xiinxala dookimantiiti. Ragaaleen qorannoo kanaa mala akkamtaafi hammataan xiinxalaman. Argannoowwan qorannoo kanaan adda ba'anis, ga'umsi humna barattoota adda baasuu gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo xummuraa sadarkaa Giddugaleessaa Kutaa 8 Bulchiinsa magaalaa Finfinnee bara 2015tti kennaman 58 keessaa 41(%70.66) fudhatamoo yommuu ta'an, 17(%29.33) ammoo gadaanaa waan ta'eef, gaaffileen kunneen hammi tokko rakkoo akka qaban hubatameera. Gama gaarummaa filannoowwaniin immoo filannoowwan qorumsichaa 232 keessaa 228(%98.28) gaarii yoo ta'an, 4(%1.72) ammoo rakkoo kan qaban ta'uu adda ba'eera. Akkasumas, gaaffilee jaatama (60) qorumsichaa keessaa lama (2) immoo sababa filannoo arfanuu akka deebii sirriitti sororfamaniif, humna adda baasuufi gaarummaa filannoowwanii isaanii xiinxaluun hindanda'amne. Kunis, gaaffilee kunneenis rakkoo ga'umsaa qabaachuu agarsiisa. Kanaaf, rakkoo kana furuuf, qaamni qorumsa kana qopheessuu gaaffilee gara fuulduraatti qophaa'an irrat xiyyeeffannoon hojjechuu murteessaadha.</i></p>	<p>Article History: Received: 02-09-2025 Revised: 23-01-2026 Accepted: 20-04-2026</p> <p>Jechoota Ijoo: qorumsa, dandeettii adda baasuu, gaarummaa filannoowwanii</p> <p>*Qorataa Muummee: Calqabaa Guddataa</p> <p>E-mail: chelkebagudeta@gmail.com</p>

1. Seensa

Qorumsi mala gaaffilee barreeffamaa gosa adda addaatti fayyadamuun milkaa'ina kaayyoo barnootaa adda baasuuf ragaa funaanuuf tajaajiludha. Yaada kana Brown (1996) akka ibsetti, qorumsi tooftaa ga'umsa yookiin adeemsa raawwii qaama yookiin nama tokkoo ittiin safaranidha. Akkasumas, Calqabaafi Taasisaan (2025) Kaplan and Saccuzz (2009) wabeeffachuun akka ibsanitti, qorumsi mala sadarkaa beekumsi qaama yookiin nama tokkoo adda baasuuf gargaarudha. Fakkeenyaaf, qorumsi sagaleessuu hanga namni tokko jechootaa afaan tokkoo sirnaan sagaleessuu danda'ee madaala.

Ur (1996) gama isaan akka barreessetti, qorumsi yeroo baay'ee dandeettii yookiin beekumsa barattoonni waan baratan irratti horatan madaaluuf gargaara. Kana jechuunis qorumsi qabxii sadarkaa beekumsa qoramtootaa tilmaamuuf gargaaru kenna. Kun immoo namni tokko gita hojii tokkoof yookiin fooyyeffannaa sadarkaa hojiif ga'umsa barbaachisu qabaachuu yookiin kutaa tokkorraa gara kutaa isa biraatti ce'uu danda'uu isaa/ishee irratti murtii kennuuf tajaajila. Qorumsi kunis kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf, qabiyyee barnootaa madaaluuf karoorfame irratti hundaa'uun qophaa'uu qaba. Kana jechuunis, gaaffileen

qorumsaa kaayyoofi qabiyyee barnootichaarratti kan hundaa'an ta'uutu isaanirra jira jechuudha.

Gaaffileen qorumsaa afaanii kanneen beekumsaafi dandeettii afaanii barattootaa ittiin iyyaafatamanidha. Gosoonni gurguddoonni gaaffilee kunis, gaaffilee filannoo, walitti firoomsii, dhugaa/soba, bakka duwwaa guutuu, deebii gabaabaafi gaaffilee ibsaa yookiin barreessuudha (Brown,1996). Haata'u malee, tokkoon tokkoo gosoota gaaffilee qorumsaa kunneen dandeettiiwwaniifi qabiyyeewwan afaanii madaaluurratti ga'umsa walfakkaatu hinqaban. Yaada kana Calqabaafi Taasisaan (2025) Heaton (1988) wabeeffachuun akka ibsanitti, akaakuun gaaffii tokko isa kaan caalaa caasaaleefi dandeettiiwwan afaanii murtaa'oo madaaluurratti ga'umsa qaba. Fakkeenyaaf, dandeettii dubbisuufi jechootaa gaaffilee deebii daanga'aan madaaluutu filatama. Karaa biroo dandeettiin barreessuu qixa barbaadamuun iyyaafachuuf gosa gaaffii deebii banamaa/ibsii ykn barreessuutu mijata. Kanaaf, haqina gosoota gaaffilee qorumsaa tokkoo isa biroon guutuuf gaaffilee qorumsaa kana walitti makuun itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Dabataanis, akaakuun gaaffii qorumsichaas qabxii barattootaarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin miidhaa geessisu niqaba. Yaaduma kana Weir (1990) akka barreessetti, gosti

gaaffii firii barataa irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf, gosoota gaaffilee qorumsaa adda addaa walitti makuun daree keessatti itti fayyadamuun beekumsaafi dandeettii barattootaa haala ga'umsa qabuun iyyaafachuuf gargaara. Haata'u malee, qorumsaa sadarkaa naannoofi biyyoolessaatti qophaa'u akaakuu gaaffilee kanneen bakka tokkotti haammachiisee dhiyeessuun hinmijatu. Kanaaf, gaaffilee filannoo qofatti gargaarama. Gosti gaaffilee kanaas kaayyoo fi dandeettiiwwan afaanii iyyaafachuuf kaan caala mijataafi ga'umsa qaba. Ga'umsa gaaffilee filannoo kanaa fooyyessuunis nidanda'ama. Malli ga'umsa gaaffilee filannoo fooyyeessuuf gargaarus xiinxala gaaffii taasisuunidha.

Xiinxalli gaaffilee kun hojiin qorumsa qoruum sororsuu erga raawwatamee booda ciminaafi hanqina gaaffilee dhiyaatanii adda baasuun hubachuuf gargaara. Adeemsi kun hojii baay'ee barbaachisaadha. Kunis adeemsa ga'umsa gaaffilee sakatta'uun adda baasuuf tokkoon tokkoo gaaffileefi deebii barattoonni deebisan walitti fiduun xiinxaluu dabalata (MOE. 2014). Akkasumas, David (2019) akka eeretti, xiinxalli gaaffii qorumsaa tooftaa shallaggii bu'a qabeessummaa gaaffilee qorumsaa adda baasuuf barsiistota gargaarudha.

Yaada kana Pal (2023) akka barreessetti, xiinxalli gaaffilee qorumsaa tooftaa gaaffii

amanamaa, sirrummaa qabu, iftoominaafi kaayyooolee barnootichaa milkeessuufi dhiisuu isaa adda baasuuf tajaajiludha. Kaayyoo ijoon xiinxalli gaaffilee kanaas, gaaffiileen qorumsichaa ga'umsa qabaachuufi dhiisuu isaa adda baasuun mijeesuu, sirrummaafi amanamummaa isaa mirkaneessuuf gargaara. Xiinxalli gaaffilee qorumsaa kun faayidaa hedduu qaba. Kunis gaaffilee barattoota jeeqaniifi sadarkaa isaanii waliin wal-hinginne hanbisuuf, gaaffiileen sunneen kaayyoo barnootichaa galma ga'uufi dhiisuu isaa adda baasuuf, baay'ina gaaffilee qorumsichaa keessatti haammatamuu qabanii murteessuufi dhiibbaa gaaffiileen qorumsaa deebii barattootaarratti qaban ibsuuf oola.

Xiinxalalli gaaffilee qorumsaa tartiiba ittiin adeemsifamu qaba. Pal (2023) fi MOE (2014) tartiiba kana akka ibsanitti, xiinxala gaaffii qorumsaa geggeessuuf, jalqabarratti qabxii barattoonni qorumsicha fudhatan argatan galmeessuudha. Itti aansuun, qabxii isaanii kana guddaarraa gara xiqqaatti tartiibeessudha. Sana booda baay'ina barattoota qorumsa fudhatanii keessaa warra firii olaanaa galmeessanii %27 adda baasuudha. Itti fufuunis, baay'ina barattoota qabxii guddaa fidanii gubbaarraa gaditti tartiibeffaman keessaa %27fi kanneen qabxii xiqqaa fidanii %27 jalaa ol lakkaa'uun adda baasuudha. Sana booda, barattoota firii olaano galmeessan

%27 garee olaanaa (GO)fi warra firii gadaanaa fidan %27 garee gadaanoo (GG) jechuun garee lamatti qooduudha. Itti aansuun, tokkoo tokkoo filannoowwan gaaffilee qorumsichaa dhiyaatani barattoota garee olaanoo (GO)fi garee gadaanoon (GG) meeqa meeqaan akka ta'an gargar baasuudha.

Xiinxalli gaaffilee qorumsaa dhimmoota ijoo sadiirratti xiyyeeffachuun geggeeffama. Qabxiilee kunneenis: ulfaatina gaaffii, humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwaniiti (Pal, 2023). Qabxiilee kanneen keessaa qorannoo kun xiinxala humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwaniirratti gaggeeffameera.

Xiinxalli gaaffii humna barattoota adda baasuu gaaffiin tokko barattoota ciccimoo (garee olaano)fi suuta-baratoo (garee gadaano) hagam akka adda fo'u hubachuuf gaggeeffama. Humni barattoota gargar baasuu kunis, qabxii garee olaanoofi kan garee gadaanoo gargaaramuun kan shallagamudha (MOE, 2014).

Humna barattoota adda baasuu gaaffilee qorumsaa shallaguuf foormullaa armaan gadiitti dhimma ba'ama. Kunis,

$$D = \frac{\text{Successes in the HSG} - \text{Successes the LSG}}{\frac{1}{2}(\text{HSG} + \text{LSG})}$$

Kunis: D= discrimination power (Humna barattota adda baasu)

HSG (Higher score group) = barattoota qabxii olaanoo galmeessaniifi

LSG (Lower score group) = barattoota qabxii gadaanoo galmeessan bakka bu'a.

Haala kanaan, shallaggii taasisuun firii xumurarratti argamuun hiikaan itti laatama. Hiikni kunis, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffilee qorumsichaa 0.40fi sanaa ol yoo ta'e, gaaffileen sun gaariidha. Akkasumas, firiin isaa 0.30 - 0.39 yoo ta'es gaaffii gaariidha. Haata'u malee, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffilee qorumsaa tokkoo 0.20-0.29 yoo ta'e, fooyya'uu qaba. Sababni isaas, humni barattoota adda baasuuf qabu laafaa waan ta'eefidha. Gama biroon firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.20fi sanaa gadi yoo ta'e gaaffichi haqamuu qaba. Qabanni isaas gaaffichi salphaa waan ta'eef (MOE, 2014)

Xiinxalli gaarummaa filannoowwaniis bu'a qabeessummaa gaaffilee qorumsaa tokko madaaluuf kanneen gargaaran keessaa isa biroota. Filannoowwan gaaffilee qorumsaa sirrii hintaane fooyya'uu yookiin haqamuu qabu (David, 2019). Yaada kana MOE (2014) yommuu ibsu, filannoowwan gaaffiif dhiyaate tokkoo marti barattootaan filatamuu qabu. Filannoon deebii sirrii ta'e qabu irra caalaa barattoota garee olaanoon filatamuu yommuu qaban, dogoggorsitoonni garuu barattoota

garee gadaanoon baay'inaan filatamuu qabu. Kanaaf, filannoowwan gaaffii tokkoo keessaa kan barattoota garee lamaaniin osoo hinfilatamiin hafan, dogoggorsiistonni harka caalaan barattoota garee olaanoon kan filataman yoo ta'aniifi filannoowwan deebii sirrii baay'inaan garee gadaanoon yoo filataman, filannoowwan sunneen sirrii miti. Kanaaf, gaaffileen akkanaa fooyya'uu yookiin haqamuu qabu.

Gaaffileen qorumsaa humna barattoota adda baasuufi filannoowwanii gaarii qabaachuu isaanii mirkaneessuuf xiinxalli gaaffii gaggeessuun baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, amma qorattoonni kunneen sakatta'anii bira ga'anitti, qorannoon hanga yonaatti dhimma kanarratti geggeeffame hinjiru. Qorattoonnis qaawwa kana guutuuf, xiinxala gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8rratti gaggeessaniiru.

2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa ibsaatti dhimma bahuun gaggeeffameera. Malli qorannoo kana geggeessuu keessatti hojjiirra oole immoo, mala qorannoo walmakaati. Qabanni isaas, ragaaleen qorannichaa bifa lakkoofsaafi ibsaan waan qaacceffamaniifidha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaati. Kunis: waraqaa gaaffilee qorumsaa barnoota Afaan Oromoo xumura sadarkaa giddugaleessaa

kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015 kenname, firii barattootaafi waraqaa deebii qorumsa barattootaati.

Iddattoowwan qorannoo kanaa Kutaalee Magaalaa Finfinnee kudha-tokko (11) keessaa kutaa magaalaa Nifaas Silk Laaftoofi Kolfee turan. Iddattoowwan kunneenis mala akkayyoon filataman. Kutaalee magaalaa lamaan kana keessaas manneen barnootaa Afaan Oromoon barsiisaniifi qorumsa kutaa 8 qoran keessaa Burqaa Waayyuu, Booree Galaan, Raaphii, 'Jeneraal' Waaqoo Guutuu lakkoofsa 1^{ffaa}, 'Jeneraal' Waaqoo Guutuu lakkoofsa 2^{ffaa}fi Haannaan mala akkayyoon filataman. Akkasumas, qorumsi bara 2015 kennamees maluma akkayyootiin filatameera.

Tooftaan funaansa ragaa qorannoo kanaa xiinxala dookimantiiti. Kunis, ragaa firii barattoota, waraqaa deebii qorumsa barattootaafi waraqaa gaaffilee qorumsichaati. Haala kanaan, ragaaleen tooftaa kanaa walitti qabaman mala makaan qaaccessuun hiikni itti kennameera.

3. Xiinxalaa Ragaalee

Xiinxalli humna barattoota adda baasuu ggaaffiin tokko barattoota qaxaleefi barattoota suutee gargar baasuuf humna inni qabu xiinxaluuf gargaara. Yaada kana David (2019) akka ibsetti, humni barattoota adda baasuu garaagarummaa firii barattoota garee olaanoofi garee gadaanoo gidduu jiru ibsa.

Gabatee Foormullaa Shallaggiifi Hiika Gatii Shallaggii

Foormullaa Shallaggii	Gatii Shallaggii	Hiika Gatii Shallaggii
$D = \frac{HSG - HLG}{1/2(UG + LG)}$	0.40fi isaa ol	Gaaffii fudhatamaadha.
	0.30	- Gaaffii gaariidha.
	0.39	- Gaaffii
yookiin	0.20	- Gaaffii
$D = \frac{BGO - BGG}{1/2(BGO + BGG)}$	0.29	Fooyya'uu qabu.
	0.20	fi Gaaffii
	sanaa gadi	haqamuu qabu.

Hubachiisa

D = Humna dandeettii barattoota adda baasuu
 BGO = Barattoota Garee Olaanoofi
 BGG = Barattoota Garee Gadaanoo kan bakka bu'anidha.

David (2019) gaarummaa filannoowwanii bu'a qabeessummaa gaaffilee qorumsaa tokko adda baasuuf kan tajaajiludha.

Filannoowwan gaaffilee qorumsaa bakka lamatti qoodamu. Isaaniis, filannoo deebii sirriifi filannoo dogoggorsitoota. Filannoowwan gaaffilee qorumsaa tokko gaarii ta'uuf ulaagaan jiran: Filannoowwan deebii sirrii ta'an harka caalaan barattoota garee olaanoon (barattoota ciccimoon) filatamuu yommuu qaban, filannoowwan dogoggorsitootaa ammoo, irra caalaa barattoota garee gadaanoon filatamuu qabu.

Qorataanis yaada hayyootaafi foormullaa xiinxala gaaffii qorumsa tokkoo olitti dhiyaatan fayyadamuun xiinxala ga'umsa humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwan gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 irratti geggeesseera.

Filannoowwan gaaffilee armaan gaditti xiinxalaman keessatti filannoo jalatti lakkoofsonni gurraacheffamanii argaman filannoon sun filannoo deebii sirrii ta'uu kan agarsiisu yemmuu ta'u, kaan ammoo, filannoowwa dogoggorsitootadha. Shallaggii jalatti sarar-xiqqaa gama oliin dhuma lakkoofsarratti argamu, firichi irra-deddeebi'uu isaa mul'isa. Gaaffileen 9 fi 25 sababa ulaagaa xiinxala gaaffii tokkoof barbaachisan hinguunneef osoo hinxiinxalamne hafuu isaanii agarsiisuuf sarara ciccite fuuldura gaaffilee sanaatti keewwamaniiru. Sababni isaas, wantota xiinxalaaf barbaachisan

keessaa tokko filannoo deebii sirrii gaaffichi barattoota hundaaf sorooramaniiru waan ittiin sorooramedha. Gaaffileen kunneen ta'eefidha. ammoo, filannoo hunda akka deebittii ilaaluun

ak. Gaaffilee	Gareewwan	Filannoowwan				Humna dandeettii barattootaa adda baasuutiin		Gaarummaa Filannoowwanii																																																																																																																																			
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika																																																																																																																																				
1	BGO	7	256	0	1	$\frac{256-199}{1/2(264x2)} = 0.21590$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	27	199	35	3				2	BGO	1	0	263	0	$\frac{263-196}{1/2(264x2)} = 0.25378$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	28	16	196	24	3	BGO	9	253	2	0	$\frac{253-155}{1/2(264x2)} = 0.3712$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	62	155	24	23	4	BGO	262	2	0	0	$\frac{262-162}{1/2(264x2)} = 0.3778$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	162	25	31	46	5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245-143}{1/2(264x2)} = 0.3863$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	42	21	58	143	6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba	BGG	46	49	86	83	7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250
2	BGO	1	0	263	0	$\frac{263-196}{1/2(264x2)} = 0.25378$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	28	16	196	24				3	BGO	9	253	2	0	$\frac{253-155}{1/2(264x2)} = 0.3712$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	62	155	24	23	4	BGO	262	2	0	0	$\frac{262-162}{1/2(264x2)} = 0.3778$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	162	25	31	46	5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245-143}{1/2(264x2)} = 0.3863$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	42	21	58	143	6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba	BGG	46	49	86	83	7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha										
3	BGO	9	253	2	0	$\frac{253-155}{1/2(264x2)} = 0.3712$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	62	155	24	23				4	BGO	262	2	0	0	$\frac{262-162}{1/2(264x2)} = 0.3778$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	162	25	31	46	5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245-143}{1/2(264x2)} = 0.3863$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	42	21	58	143	6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba	BGG	46	49	86	83	7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																								
4	BGO	262	2	0	0	$\frac{262-162}{1/2(264x2)} = 0.3778$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	162	25	31	46				5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245-143}{1/2(264x2)} = 0.3863$	Gaariidha	Hunduu gaariidha	BGG	42	21	58	143	6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba	BGG	46	49	86	83	7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																						
5	BGO	0	0	19	245	$\frac{245-143}{1/2(264x2)} = 0.3863$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	42	21	58	143				6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba	BGG	46	49	86	83	7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																				
6	BGO	6	19	154	85	$\frac{154-86}{1/2(264x2)} = 0.257$	Fooyya'uu qaba	'D' fooyya'uu qaba																																																																																																																																			
	BGG	46	49	86	83				7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha	BGG	61	37	60	106	8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																		
7	BGO	9	4	11	240	$\frac{240-106}{1/2(264x2)} = 0.5075$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	61	37	60	106				8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	223	26	3	12	9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																
8	BGO	259	3	2	0	$\frac{259-223}{1/2(264x2)} = 0.1363$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	223	26	3	12				9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----	-----	---	-----	---	---	10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																														
9	-----	---	-----	---	---	-----	-----	-----																																																																																																																																			
	-----	---	-----	---	---				10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha	BGG	11	44	178	31	11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																												
10	BGO	0	6	254	4	$\frac{254-178}{1/2(264x2)} = 0.2878$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			
	BGG	11	44	178	31				11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																																										
11	BGO	6	4	250	4	$\frac{250-170}{1/2(264x2)} = 0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha																																																																																																																																			

Gabatee 1: Xiinxala Gaaffilee 1-11

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxala gaaffii 1^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa naannoo 0.21ti. Hiikni firii kanaa akkuma gabaticha keessatti dhiyaate, humni barattoota adda baasuu isaa laafaadha. Ta'ullee, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniin fudhatamaadha. Qabanni isaas, filannoowwan dhiyaatan hundi barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoo yommuu filataman, filannoowwan dogoggorsiistota ta'animmoo harka caalaan barattoota garee gadaanoottiin filatamaniiru.

Xiinxala gaaffii 2^{ffaa} gabatee kana keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.25dha. Firiin kunis gaaffichi humni barattoota adda baasuu isaa laafaa ta'uu mul'iseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniitiin fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoowwan dhiyaatan hundi barattootaan filatamanii jiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoon kan filataman yommuu ta'an, filannoon dogoggorsiistota ta'an ammoo, harka caalaan barattoota garee gadaanoon filatamanii jiru.

Xiinxala gaaffii 3^{ffaa} gabaticha keessatti taasifamerraa, humni barattoota adda baasuu isaa 0.37dha. Firichis, humni barattoota adda

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin filannoon gaaffichaa isaa hunduu gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan martuu barattootaan yommuu filataman, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoowwan deebii sirrii immoo harka caalaan barattoota garee olaanoon filatamaniiru.

Xiinxala gaaffii 4^{ffaa} gabaticha keessatti geggeeffamerraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.37dha. Kun immoo firiin isaa gaarii ta'uusaa agarsiiseera. Dabalataanis, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniitiinis gaaffii fudhatamaadha. Qabanni isaas, filannoon dhiyaatan marti barattootaan filatamaniiru. Itti dabalees, dogoggorsiistonni harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii ta'e ammoo, harka caalaan barattoota garee olaanoottiin waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 5^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.38dha. Firichis humni barattoota adda baasuu gaaffii kanaa gaarii ta'uusaa mul'iseera. Akkasumas, gaaffichi gaarummaa filannoowwaniitiin gaaffichi bareedaadha. Qabanni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas,

Calqabaa G. fi Kb

filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistotaa ammoo, harka caalaan barattoota garee gadaanoon filatamanii jiru.

Xiinxala gaaffii 6^{ffaa} gabaticha keessatti geggeeffamerra, firiin humna barattootaa adda baasuu gaaffichaa 0.25dha. Firiin gaaffichi laafaa ta'uu agarsiiseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniinis ga'umsaa hinqabu. Qabanni isaas, filannoon dogoggorsiistotaa ta'an keessaa filannoon 'D'n barattoota garee olaanoon caala filatameera.

Xiinxala gaaffii 7^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterra kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.35ti. Firichis, humni barattoota adda baasuu gaaffichi qabu gaarii ta'uusaa agarsiiseera. Akkasumas, gaaffichi gaarummaa filannoowwaniinis gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan hundi barattootaan filamaniiru. Itti dabalees, dogoggorsiistonni harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii ta'e harka caalaan barattoota garee olaanoon filatamaniiru.

Xiinxala gaaffii 8^{ffaa} gabaticha keessatti argamurraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.13ti. Firiin kun akka hiika gabaticha keessatti dhiyaateetti humni barattootaa adda baasuu isaa baay'ee laafaadha. Ta'ullee, gaaffichi,

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffii gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan hundi barattootaan waan filamaniifi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni ammoo, harka caalaan barattoota garee gadaanoon filatamaniiru.

Gaaffii 9^{ffaa} filannoowwan isaa hundi akka deebiitti barattoota maraaf waan soroofameef humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwan isaa xiinxaluun hindanda'amne. Sababni isaas, xiinxala gaaffii tokko geggeessuuf filannoon deebii sirrii ta'ee soroofame jiraachuun dirqama waan ta'eef.

Xiinxala gaaffii 10^{ffaa} gabaticha keessatti argamurraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.28dha. Firiin kun akkuma gabaticha keessatti ibsametti, gaaffichi laafaa ta'uu agarsiiseera. Garuu, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan gaafficha hundi barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni ammoo, harka caalaan barattoota garee gadaanoon filataman waan ta'eef.

Xiinxalli gaaffii 11^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka argisiisutti, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.30dha. Kun immoo humni barattoota addaa baasuu isaa fudhatamaa ta'uu mul'iseera.

Dabalataanis, gaaffichi gama gaarummaa barattoota garee gadaanoofi filannoowwan filannoowwaniinis gaariidha. Qabanni isaas, deebii sirrii immoo irra caalaa barattoota garee filannoowwan dhiyaatan cufti barattootaan olaanoon waan filatamaniifidha. filamuufi dogoggorsiistonni harka caalaan

Lak. Gaaffii	Gareewwan	Filannoowwan				Humna dandeettii barattootaa adda baasuutiin		Gaarummaa filannoowwanii
		A	B	C	D	Shallaggiifti Firii	Hiika	
12	BGO	6	13	241	4	$\frac{241-151}{1/2(264x2)}=0.3409$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	29	52	151	32			
13	BGO	1	6	3	254	$\frac{254-115}{1/2(264x2)}=0.52651$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	28	63	58	115			
14	BGO	14	20	55	175	$\frac{175-89}{1/2(264x2)}=0.3257$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	48	62	65	89			
15	BGO	14	238	8	4	$\frac{238-158}{1/2(264x2)}=0.303$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	55	158	23	24			
16	BGO	114	100	8	42	$\frac{100-23}{1/2(264x2)}=0.2916$	Fooyya'uuu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	149	23	26	66			
17	BGO	227	22	5	10	$\frac{227-146}{1/2(264x2)}=0.306818$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	146	59	19	40			
18	BGO	2	6	255	1	$\frac{255-200}{1/2(264x2)}=0.2083$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	18	23	200	23			
19	BGO	3	249	8	4	$\frac{249-174}{1/2(264x2)}=0.28409$	Fooyya'uuu qaba	Hunduu gaariidha

Gabatee 2: Xiinxala Gaaffilee 12-19

Xiinxalli gaaffii 12^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka ibsutti, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.34dha. Firiin kun humni dandeettii barattootaa adda baasuuu isaa gaarii ta'usaa agarsiiseera. Dabalataanis, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniinis fudhatamaadha. Qabanni isaas, filannoowwan dhiyaatan marti barattootaan filatamuufi dogoggorsiistonni harka caalaan barattoota garee

gadaanoofi filannoo deebii sirrii ammoo barattoota garee olaanoon harka caalaan waan filatamaniif.

Xiinxala gaaffii 13^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.52dha. Firichi humni dandeettii barattoota adda baasuu isaa fudhatamaa ta'usaa mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffii

gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan hundi barattootaan filatamuufi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoon deebii sirrii hedduuminaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 14^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu isaa 0.32dha. Firichis humni barattoota adda baasuu gaaffichaa fudhatamaa ta'uusaa agarsiiseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniinis gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan hundi barattootaan filamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 15^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.30dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaafficha fudhatamaa ta'uusaa agarsiiseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoon marti barattootaan filamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo harka caalaan barattoota garee gadaanoon filatamaniiru.

Xiinxalli gaaffii 16^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka ibsetti, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.29dha. Firichis humni barattoota adda baasuu gaaffii kanaa laafaa ta'uusaa mul'iseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan cufti barattootaan filatamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 17^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humni barattoota adda baasuu isaa 0.67dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa fudhatamaa ta'uu agarsiiseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon filatamaniiru.

Xiinxala gaaffii 18^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.20dha. Kun immoo gaaffiin kun gaarii ta'uusaa agarsiiseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffii gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan cufti barattootaan filatamuufi filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistotaa ammoo, harka caalaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 19^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterra kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaafficha 0.28ti. Firiin kun gaaffichi humna adda baasuu lafaa qabaachuu isaa mul'iseera. Haata'u malee, gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha.

Sababni isaas, filannoowwan marti barattootaan filamuufi deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo hedduuminaan barattoota garee gadaanoon waan filamaniifidha.

Lak. Gaaffilee	Garee	Filannoowwan				Humna dandeettii barattootaa adda baasuutiin		Gaarummaa filannoowwanii
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika	
20	BGO	222	38	3	1	$\frac{222-141}{1/2(264x2)}=0.3068\overline{18}$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	141	75	23	25			
21	BGO	234	10	8	12	$\frac{234-113}{1/2(264x2)}=0.45\overline{83}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	113	37	51	63			
22	BGO	22	11	225	6	$\frac{225-96}{1/2(264x2)}=0.488\overline{68}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	89	28	96	51			
23	BGO	3	225	31	5	$\frac{225-53}{53}=0.65\overline{15}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	51	53	117	43			
24	BGO	101	141	15	7	$\frac{141-77}{1/2(264x2)}=0.24\overline{24}$	Fooyya'uu qaba	'A' fudhatamaa miti
	BGG	79	77	35	73			
25	BGO	---	----	---	----	-----	-----	-----

Gabatee 3: Xiinxala Gaaffilee 20-25

Xiinxalli gaaffii 20^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka mul'isetti, firiin humni barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.30dha. Firiin kun gaaffichi humni barattootaa adda baasuu isaa fudhatamaa ta'uu argisiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundi barattootaan filamuufi filannoowwa dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii ta'e immoo barattoota garee olaanoon waan filamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 21^{ffaa} gabaticharraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.45dha. Firiin kun gaaffichi fudhatamaa ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniin fudhatamaadha. Qabanni isaas, filannoon gaaffochaa hunduu barattootaan filamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni immoo hedduuminaan barattoota garee gadaanoon filatamuu isaaniiti.

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxalli gaaffii 22^{ffaa} akka argisiisetti, firiin humni barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.48dha. Firiin kun immoo humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniitiin bareedaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filamuufi filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistonni immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon filatamuu isaaniiti.

Xiinxala gaaffii 23^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.65dha. Kun immoo humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uusaa agarsiisee jira. Dabalataanis, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan dhiyaatan hunduu barattootaan filamuun, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoowwan deebii sirrii immoo barattoota garee olaanoon baay'inaan filatamanii jiru waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 24^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.24 dha.

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

Firiin kun, humni barattoota adda baasuu gaaffichaa laafaa ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi rakkoo ga'umsaa qaba. Sababni isaas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an keessaa filannoo 'A'n barattoota garee olaanootiin caala filatamee jira.

Gaaffii 25^{ffaa}n akkuma gaaffii 9^{ffaa} filannoowwan gaaffichaaf dhiyaatan hunda akka deebiitti barattoota hundaaf waan soroorfamaniif humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwan isaa xiinxaluun hindanda'amne. Kunis, gaaffiin kun rakkoo qabaachuu agarsiisee jira.

Lak. Gaaffilee	Gareewwan	Filannoowwan				Humna dandeettii barattootaa adda baasuutiin		Gaarummaa filannoowwanii
		A	B	C	D	Shallaggiifi firii	Hiika firii	
26	BGO	215	42	3	4	$\frac{215-126}{1/2(264x2)}=0.337\overline{12}$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	126	106	15	17			
27	BGO	4	250	8	2	$\frac{250-141}{1/2(264x2)}=0.412\overline{87}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	16	141	22	85			
28	BGO	9	12	203	40	$\frac{203-81}{1/2(264x2)}=0.462\overline{1}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	40	58	81	85			
29	BGO	29	196	23	16	$\frac{196-80}{1/2(264x2)}=0.43\overline{9}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	58	80	79	47			
30	BGO	121	7	132	4	$\frac{121-42}{1/2(264x2)}=0.299\overline{24}$	Fooyya'uu qaba	'C' gaarii miti
	BGG	42	75	120	27			
31	BGO	177	13	15	59	$\frac{177-92}{1/2(264x2)}=0.321\overline{96}$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	92	46	67	59			
32	BGO	247	9	6	2	$\frac{247-192}{1/2(264x2)}=0.208\overline{3}$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	192	34	20	18			
33	BGO	5	7	18	234	$\frac{234-86}{1/2(264x2)}=0.56\overline{0}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	50	41	87	86			
34	BGO	9	28	211	16	$\frac{211-58}{1/2(264x2)}=0.579\overline{54}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	46	117	58	43			
35	BGO	6	6	54	198	$\frac{198-71}{1/2(264x2)}=0.481\overline{06}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	71	52	70	71			

Gabatee 4: Xiinxala Gaaffilee 26 -35

Xiinxala gaaffii 26^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humni barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.33dha. Kun immoo humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uusaa mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha.

Sababni isaas, filannoowwan hundinuu barattootaan filatamuu, filannoowwan dogoggorsiiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoon deebii sirrii hedduuminaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxala gaaffii 27^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.41dha. Firiin kun gaaffiin kun gama kanaan gaarii ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniitiin fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoowwan hunduu barattootaan filatamuu, dogoggorsiistonni harka caalaa barattoota garee gadaanooniifi filannoowwan deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxalli gaaffii 28^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka mul'isetti, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.46dha. Firiin kun, humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Akkasumas, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniitiin bareedaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo harka caalaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 29^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.43dha. Firiin kun gaaffichi gama humna barattoota adda baasuun gaarii ta'uusaa mul'iseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

gaaffichaa hunduu barattootaan filatamuu, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii immoo barattoota garee olaanoon baay'inaan waan filatamaniifidha.

Xiinxalli gaaffii 30^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate kan mul'isu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.29dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa laafaa ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi rakkoo qaba. Sababni isaas, filannoowwan dogoggorsaa 'C'n barattoota garee olaanoon caala filatamee jira waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 31^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.32dha. Firiin kun gaaffichi humna barattoota adda baasuu gaarii kan qabu ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniinis gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan hunduu barattootaan filatamuu, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii ammoo barattoota garee olaanoon baay'inaan filatamaniiru waan ta'eefidha.

Xiinxalli gaaffii 32^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate kan mul'isu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.20dha. Firiin kun gaaffichi humna barattoota adda baasuu laafaa

ta'e akka qabu mul'iseera. Haata'u malee, gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamuu, dogoggorsiistonni harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoowwan deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 33^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.56dha. Firiin kun, gaaffichi humna barattoota adda baasuu gaarii ta'e qabaachuu mul'iseera. Dabalataanis, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaaffii bayeessadha. Qabanni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundinuu barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 34^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaafficha 0.57dha. Firii kun gaaffichi humna barattoota adda baasuu gaarii ta'e qabaachuu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo

hedduminaan barattoota garee gadaanoon filatamanii waan jiraniifidha.

Xiinxalli gaaffii 35^{ffaa} gabaticha keessatti taasifame akka argisiisetti, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.48dha. Firiin kun gaaffichi humna barattoota adda baasuun gaarii ta'e qabaachuu mul'isee jira. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaaffichi fudhatamaadha. Sababni isaa, filannoowwan gaaffichaa cufti barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistonni immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon filatamaniiru.

Lak. Gaaffii	Garee	Filannoowwan				Humna dandeettii barattootaa adda baasuutiin		Gaarumaa Filannoowwanii
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika firii	
36	BGO	2	5	252	5	$\frac{252-92}{1/2(264x2)}=0.6\overline{06}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	40	62	92	70			
37	BGO	254	6	3	1	$\frac{254-213}{1/2(264x2)}=0.155\overline{30}$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	213	12	12	27			
38	BGO	4	3	249	8	$\frac{249-131}{1/2(264x2)}=0.56\overline{06}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	17	70	131	76			
39	BGO	2	6	2	254	$\frac{254-113}{1/2(264x2)}=0.534\overline{09}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	37	58	56	113			
40	BGO	9	2	248	5	$\frac{248-131}{1/2(264x2)}=0.443\overline{18}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	53	43	131	37			
41	BGO	261	0	0	3	$\frac{261-222}{1/2(264x2)}=0.147\overline{2}$	Haqamuu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	222	11	17	14			
42	BGO	1	5	15	243	$\frac{243-108}{1/2(264x2)}=0.511\overline{36}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	12	40	104	108			
43	BGO	3	6	5	250	$\frac{250-132}{1/2(264x2)}=0.446\overline{9}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	80	25	27	132			
44	BGO	6	248	7	3	$\frac{248-180}{1/2(264x2)}=0.25\overline{7}$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	33	180	29	22			
45	BGO	4	2	4	254	$\frac{254-163}{1/2(264x2)}=0.344\overline{69}$	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	17	33	51	163			
46	BGO	12	9	221	22	$\frac{221-70}{1/2(264x2)}=0.571\overline{96}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	63	59	70	72			
47	BGO	3	12	247	2	$\frac{247-182}{1/2(264x2)}=0.246\overline{12}$	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	33	36	182	3			
48	BGO	101	154	5	4	$\frac{154-44}{1/2(264x2)}=0.4\overline{16}$	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	163	44	36	21			

Gabatee 5: Xiinxala Gaaffilee 36 –48

Xiinxala gaaffii 36^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.60dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu isaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Akkasumas, gama

gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi bareedaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiiisota ta'an baay'inaan barattoota garee gadaanon waan filatamaniifidha.

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxalli gaaffii 37^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka ibsetti, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.15dha. Firiin kun immoo humna barattoota adda baasuu gaaffichaa baay'ee laafaa ta'uu mul'iseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo hedduminaan barattoota garee gadaanon waan filatamaniif.

Xiinxala gaaffii 38^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaateraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.56dha. Firiin kun immoo gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Dabalataan, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin fudhatamaadha. Sababni isaas, filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo harka caalaan barattoota garee gadaanon waan filatamaniif.

Xiinxala gaaffii 39^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaateraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.53dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

barattootaan filatamuu, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoon filatamanii jiru waan ta'eefidha.

Xiinxalli gaaffii 40^{ffaa} gabaticha keessatti hammatame akka ibsetti, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.44dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu argisiiseera. Akkasumas, gaaffiin kun gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamuu, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni baay'inaan barattoota garee gadaanon filatamanii jiru waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 41^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaateraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu isaa 0.14dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa baay'ee laafaa akka ta'e mul'iseera. Haata'u malee, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi bareedaadha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamuufi filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistonni ammoo, harka caalaan barattoota warra garee gadaanon waan filatamaniifidha.

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxala gaaffii 42^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.51dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Dabataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an baay'inaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii ammoo barattoota garee olaanoon harka caalaan filatamaniiru waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 43^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattootaa adda baasuu isaa 0.44dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa fudhatamaa ta'uu mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonni ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 44^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattootaa adda baasuu isaa 0.25dha. Firiin kun humni barattootaa adda baasuu gaaffii kanaa laafaa akka ta'e agarsiiseera. Haata'u malee, gama gaarummaa filannoowwaniin

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundi barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoon filatamii jiru waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 45^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattootaa adda baasuu gaaffichaa 0.34dha. Firiin kun gaaffichi gaarii ta'uu muliseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniinis gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoon deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 46^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattootaa adda baasuu gaaffichaa 0.57dha. Firiin kun gaaffichi gaarii ta'uusaa agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha. Qabanni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundi barattootaan filatamaniiru. Itti dabalees, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoon deebii sirrii immoo baay'inaan barattoota garee olaanoon filatamiiru waan ta'eefidha.

Calqabaa G. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

Xiinxala gaaffii 47^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.24dha. Firichi humni barattoota adda baasuu gaaffichaa laafaa ta'uu mul'iseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwanii gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundinuu barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogogorsiiistota ta'an baay'inaan barattoota garee gadaanon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 48^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.41dha. Firiin kun gaaffichi gaarii ta'uu argasiiseera. Dbalataanis, gama gaarummaa filannoowwanii gaaffii gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogogorsiiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanon waan filatamaniiru waan ta'eefidha.

Gaaffilee	Gareewwan	Filannoowwan				Humna dandeettii barattoota adda baasuutiin		Gaarummaa filannoowwanii	
		A	B	C	D	Shallaggiifi Firii	Hiika		
49	BGO	4	6	3	251	$\frac{251-150}{1/2(264x2)}=0.38257$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	20	55	39	150				
50	BGO	17	243	9	5	$\frac{243-150}{1/2(264x2)}=0.35227$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	42	150	26	46				
51	BGO	254	8	2	0	$\frac{254-192}{1/2(264x2)}=0.2348$	—	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	192	34	20	18				
52	BGO	248	6	4	6	$\frac{248-163}{1/2(264x2)}=0.32196$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	163	30	34	37				
53	BGO	5	247	11	1	$\frac{247-149}{1/2(264x2)}=0.3712$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	61	149	35	19				
54	BGO	9	20	227	8	$\frac{227-144}{1/2(264x2)}=0.31439$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	50	31	144	39				
55	BGO	251	9	2	2	$\frac{251-161}{1/2(264x2)}=0.3409$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	161	33	30	40				
56	BGO	10	0	2	252	$\frac{252-166}{1/2(264x2)}=0.3257$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	58	20	20	166				
57	BGO	2	248	14	0	$\frac{248-179}{1/2(264x2)}=0.26136$	—	Fooyya'uu qaba	Hunduu gaariidha
	BGG	35	179	40	10				
58	BGO	2	3	4	255	$\frac{255-164}{1/2(264x2)}=0.34469$	—	Gaariidha	Hunduu gaariidha
	BGG	42	19	39	164				
59	BGO	7	0	16	241	$\frac{241-115}{1/2(264x2)}=0.4772$	—	Fudhatamaadha	Hunduu gaariidha
	BGG	51	29	69	115				
60	BGO	98	10	155	1	$\frac{98-76}{1/2(264x2)}=0.083$	—	Haqamuu qaba	'C' gaarii miti
	BGG	76	39	119	30				

Gabatee 6: Xiinxala Gaaffilee 49 –60

Calqabaa G. fi Kb

Xiinxala gaaffii 49^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterra kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.38dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffii gaariidha. Sababni isaa, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Itti dabalees, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi dogoggorsiistonna immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 50^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.35dha. Firiin kun gaaffichi gaarii ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniitiin bareedaadha. Sababni isaa, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniif. Akkasumas, filannoowwan dhiyaatan hundi barattootaan filatamanii jiru waan ta'aniifidha.

Xiinxalli gaaffii 51^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate kan mul'isu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.23dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa laafaa akka ta'e agarsiiseera. Haata'u malee,

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha. Sababni isaa, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi kan deebii sirrii ta'e irra caalaa barattoota garee olaanoon waan filatamaniif.

Xiinxala gaaffii 52^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin humna dandeettii barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.32dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa fudhatamaa ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi gaariidha. Sababni isaa, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistotaa harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoowwan deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoon filatamanii jiru waan ta'eef.

Xiinxala gaaffii 53^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.37dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu mul'iseera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffichi fudhatamaadha. Sababni isaa, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan

Calqabaa G. fi Kb

dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoon filatamiiru waan ta'aniif.

Xiinxalli gaaffii 54^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate akka mul'isutti, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.31dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hunduu barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo hedduminaan barattoota garee gadaanoon filatamanii jiru waan ta'eef.

Xiinxala gaaffii 55^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.34dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii ta'uusaa mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniinis gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundi barattootaan filatamaniiru. Itti dabalees, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoon deebii sirrii hedduminaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 56^{ffaa} gabaticha hammatamerraa kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu gaaffii kanaa 0.32dha. Firiin kun

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

gaaffichi gama humni barattoota adda baasuun gaarii ta'uusaa agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniinis gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan cufti barattootaan filatamaniiru. Itti dabalees, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistotaa immoo baay'inaan barattoota garee gadaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 57^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu gaaffichaa 0.26dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa laafaa qabaachuu isaa agarsiiseera. Haata'u malee, gaaffichi gama gaarummaa filannoowwaniin gaaffii gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa hundi barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoon deebii sirrii harka caalaan barattoota garee olaanoofi filannoowwan dogoggorsiistota ta'an immoo hedduminaan barattoota garee gadaanoon filatamaniiru waan ta'eefidha.

Xiinxala gaaffii 58^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin shallaggii humna barattoota adda baasuu isaa 0.34dha. Firiin kun gama gaaffichi humna barattoota adda baasuun gaarii ta'uusaa mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniinis gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru.

Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanoofi filannoowwan deebii sirrii immoo baay'inaan barattoota garee olaanoon filatamaanii jiru waan ta'eef.

Xiinxala gaaffii 59^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaate irraa kan hubatamu, firiin humni barattoota adda baasuu isaa 0.47dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa gaarii akka ta'e mul'iseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniitiin gaaffichi gaariidha. Sababni isaas, filannoowwan gaaffichaa marti barattootaan filatamaniiru. Akkasumas, filannoowwan dogoggorsiistota ta'an harka caalaan barattoota garee gadaanooniifi filannoowwan deebii sirrii baay'inaan barattoota garee olaanoon waan filatamaniifidha.

Xiinxala gaaffii 60^{ffaa} gabaticha keessatti dhiyaaterraan kan hubatamu, firiin humna barattoota adda baasuu isaa 0.08dha. Firiin kun humni barattoota adda baasuu gaaffichaa baay'ee laafaa ta'uu agarsiiseera. Dabalataanis, gama gaarummaa filannoowwaniinis gaaffichi rakkoo akka qabu hubatameera. Sababni isaas, filannoowwan dogoggorsiistota keessaa 'C'n barattoota garee olaanoon caala filatameera waan ta'eefidha.

Walumagalatti, xiinxala gaaffilee qorumsaa xumuraa sadarkaa giddugaleessaa barnoota

Afaan Oromoo kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee bara 2015tti kenname baay'een gama humna barattoota adda baasuu gaarii yoo ta'aniyyuu, muraasni garuu humna barattoota adda baasuu xiqqaa qabaachuun hubatameera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin filannoowwan hedduun gaarii yoo ta'aniyyuu, filannoowwan muraasni ammoo, rakkoo akka qaban adda ba'eera.

4. Argannoo

Xiinxala taasifameen gaaffilee qorumsa barnoota Afaan Oromoo xumura sadarkaa giddugaleessaa kutaa 8 magaalaa Finfinnee bara 2015tti kennaman gartokko rakkoo ga'umsaa akka qaban adda ba'eera. Kunis, gaaffilee qorumsichaa 60 dhiyaatan keessaa 41(%68.33) fudhatama kan qaban, gaaffileen 17(%28.33) ammoo humni barattoota adda baasuu isaanii baay'ee laafaafi gaaffileen 2(%3.33) immoo sababa ulaagaalee xiinxala gaaffiif barbaachisan hinguunneef humna barattoota adda baasuufi gaarummaa filannoowwan isaanii xiinxaluun hindanda'amne. Kanaaf, gaaffilee 60 dhiyaatan keessaa 19(%32) rakkoo ga'umsaa qabaachuun hubatameera. Akkasumas, gama gaarummaa filannoowwaniin xiinxalaman 240 keessaa 228(%95) gaarii yoo ta'aniyyuu, filannoowwan 4(%1.67) filannoowwan rakkoo ga'umsaa qabachuufi filannoowwan 8(%3.33) immoo filannoowwan hundi akka deebii sirriitti waan

Calqabaa G. fi Kb

sororfamaniif gaarummaa filannoowwaniin isaanii xiinxaluun hindanda'amne. Kanaaf, filannoowwan dhiyaatan 240 keessaa 12(%5) rakkoo akka qaban adda ba'eera.

5. Goolaba

Qorannoon kun xiinxala humna barattootaa adda baasuufi gaarummaa filannoowwan gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti bara 2015 kennaman irratti geggeeffameera. xiinxalli gaaffilee qorumsaa tooftaa gaaffii amanamaa, sirrummaa qabu, iftoominaafi kaayyoolee barnootichaa milkaa'uufi dhiisuu isaa adda baasuuf tajaajiludha. Kaayyoo ijoo xiinxalli gaaffii taasifamus, gaaffiileen qorumsichaa ga'umsa qabaachuufi dhiisuu isaa adda baasuun gaaffiileen gara fuulduraatti qophaa'an mijeessuu, sirrummaafi amanamummaa akka qabaatan kan taasisudha.

Bu'uuruma kanaan, xiinxalli humna barattootaa adda baasu gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa Giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti bara 2015 kennaman 60 keessaa 41 ga'umsa humna dandeettii barattootaa adda baasu kan qaban yommuu ta'an, gaaffiileen 19 ammoo rakkoo ga'umsa humna dandeettii barattootaa adda baasu qabu Dabalataan, gaaffiileen kunneen xiinxala gama gaarummaa

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 62-86

filannoowwaniin taasifameen filannoowwan 240 keessaa 232 filannoowwan gaarii yommuu ta'an, filannoowwan 8 ammoo rakkoo qabu. Walumaagalatti, firiin xiinxala gaaffiilee kanaan argame akka mul'isetti, gaaffiileen 19(%32) ta'an kunneen rakkoo humna barattootaa adda baasuufi 8(%3.33) ammoo filannoowwan rakkoo ga'umsaa qaban ta'uu adda ba'aniiru.

6. Yaboo

Qorattoonni kunneen argannoowwan armaan oliirraa ka'uun yaada furmaataa asii gadii kennanii jiru.

- Kutaan qorumsaafi madaallii Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee rakkoo ga'umsa dhabuu gaaffilee qorumsa xumura sadarkaa giddugaleessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 8 kana furuuf, xiinxala ga'umsa gaaffilee qorumsaa yeroo adda addaatti qophaa'anii geggeessuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun barbaachisaa ta'a.
- Akkasumas, kutaan qorumsaafi madaallii Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee kun qorumsawwan xumura sadarkaa giddugaleessaa gara fuulduraatti qophaa'an osoo hinqoriin tokkoo tokkoo gaaffiileefi filannoowwan qorumsawanii sirnaan gulaaluun qaawwa mul'atan sirreessuufi hanqinoota jiran sirreessuun gaarii ta'a.

Wabiilee

- Brown, D.J. (1996). *Testing in Language Programs*. USA
- Calqabaa Guddataafi Taasisaa Kumsaa (2025). Xiinxala Ga'umsa Ulfaatina Gaaffilee Qorumsa Xumura Sadarkaa Giddugaleessaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 8 Bara 2015: Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee. *Joornaalii Dibii Qorannoo- Journal of Accumulated Knowledge Resources*, 3(1), 65-84. <https://doi.org/10.20372/jdq.v3i1.1384>
- David, B. (2019). *Items Analysis of Multiple-Choice Items*. Quees University.
- MOE. (2014). *Assessment and Evaluation of Learning*. Addis Ababa: Unpublished Module
- Pal, K. (2023). *Educational Measurement and Evaluation*. Phagwara. Usi Publications: Lovely Professional University.
- Ur, P. (1996). *A Course in Language Teaching, Practice and Theory*. Cambridge: Cambridge University press.
- Weir, C.J. (1990). *Communicative Language Testing*. London: Prentice Hall International (UK).